# ERGAA PHAAWULOOS
# GARA XIMOOTEWOOSIITTI ERGE - 2ffaa

1 Phaawuloos isa akkuma
abdii jireenna karaa Kiris-
toosiitiin kenname sanaatti fedhii
Waaqayyootiin ergamaa Kiris-
toos Yesuus ta'e irraa;
2 Gara Ximootewoos, ilma kiyya
jalatamaatti;
Waaqayyo Abbaa fi Gooftaa
keenna Kiristoos Yesuus irraa
ayyaanni, araarri fi nageenni siif
haa ta'u.

**Jajjabeenna Ximootewoosiif Kenname**

3 Ani otoo gargari hin kutin
yommuu halkanii guyyaa kad-
hannaa kiyya keessatti si
yaadadhutti[a] Waaqa akkuma
abbootiini kiyya tajaajilaa[b]
turanitti anis garaa qulquluun isa
tajaajilu sana nan galateeffadha.
4 Ani yommuu imimmaani kee
qaabadhutti akka gammachuun
guutamuuf guddisee si arguu nan
hawwa; 5 Ani amantii[c] kee isa
dhugaa sana nan yaadadha;
amantiini kunis jalqabatti akkoo
tee Looyidii fi haadha tee
Ewuunqee keessa ture; amma
immoo akka si keessa jiru nan
amana. 6 Sababii kanaaf akka ati
kennaa Waaqayyoo kan yeroo
ani harka kiyya sirra kaayetti sii
kenname sana akkuma ibiddaatti
qabsiiftuuf sin yaadachiisa.
7 Waaqni hafuura humnaa, kan
jaalalaatii fi kan uf -qabuu nuu
kenne malee hafuura sodaa nu
hinkennineetii.
8 Kanaaf waayee Gooftaa keen-
naa dhugaa bawuutti[d] yookaan
ana nama isaaf jedhee hid-
hametti hin qaanayini; wangee-
laaf dhiphachuu keessatti garuu
humna Waaqayyootiin na waliin
dhiphadhu. 9 Waaqni sababii
kaayyoo isaatiifi sababii ayyaana
isaatiif nu fayyisee gara jireenya
qulqulluutti nu waame malee
sababii hujii nu hojjanne kamii-
fiyyuu miti. Ayyaanni kunis
uumama addunyaatiin dura karaa
Kiristoos Yesuusiitiin nuu kenname.
10 Amma garuu ayyaanni sun
dhufaatii fayyisaa keenna Kiris-
toos Yesuusi isa karaa wangee-
laatiin du'a balleessee jireenyaa
fi bara baraan jiraachuu ifatti
baase sanaatiin muldhifameera.
11 Anis wangeela kanaaf lallabaa,
ergamaa fi barsiisaa ta'ee
filatameera. 12 Anis akka amma
dhiphachaa jiru kanatti rak-
kachuuni kiyya kanumaafi; ani
garuu kan ani amane sun eenyu
akka ta'e waan beekuuf itti hin

[a]3 ykn *qaabadhutti;* [b]3 ykn *hojjachaafii;* [c]5 ykn *dhugeeffachaa;* [d]8 ykn *ragees-suutti/dhugeessuutti*

qaanawu; akka inni waan ani
imaanaa itti kennadhe hanga
guyyaa sanaatti eeguu danda'us
nan amana.
**13**Waan narraa dhageette sana
akka fakkeenna barsiisa dhugaatti
amantii fi jaalala karaa Kiristoos
Yesuusiitiin kennamuun jabees-
sii qabadhu. **14**Badhaadhummaa
gaarii imaanaa sitti kenname sana
gargaarsa Hafuura Qulqulluu[e] nu
keessa jiraatu sanaatiin eegi.
**15**Namoonni kutaa biyya Isiyaa
keessa jiraatan hundinuu Figee-
loosii fi Hermoogeneesilleen otoo
hin hafin akka na ganani[f] ni
beetta.
**16**Henesiifooruun yeroo baay'ee
waan na gammachiiseef Gooftaani
warra mana isaa jiraniif araara
haa buusuu; inni hidhamuu kiy-
yattillee hin qaanofneetii. **17**Qooda
kanaa inni yeroo Roomaa turetti
hanga na argutti jabeessee na
barbaadaa ture. **18**Akka inni guy-
yaa sanatti Gooftaa irraa araara
argatuuf Gooftaan isa haa gar-
gaaruu; Inni Efesoon keesatti
hagam akka na tajaajile atiyyuu
sirriitti[g] beetta.

**2** Kanaaf yaa ilma kiyya, ati
ayyaana Kiristoos Yesuus
keessa jiru sanatti jabaadhu.
**2**Waan fuula dhuga-baatota[h]
baay'ee duratti narraa dhageette
sana namoota amanamtoota kan-
neen warra kaan barsiisuu dan-
da'anitti imaanaa kenni. **3**Atis
akkuma loltuu Kiristoos Ye-
suusiitti nu wajjiin dhiphuu
keessatti hirmaadhu. **4**Namni
loltummaan tajaajilu[i] kamiyyuu
ajajaa isaa gammachiisuu yaala
malee hujii biraatiin[j] uf-hin xaxu.
**5**Akkasumas dorgomaan fiigichaa
tokko yoo akka seera dorgommii
sanaatti dorgome malee gonfoo[k]
moo'annaa hin argatu. **6**Qotee
bulaani jabaatee hojjatus firii[l]
midhaani isaa argachuutti nama
jalqabaa ta'uu qaba. **7**Waan ani
sitti himu kana yaadatti qabadhu;
Gooftaan waan mara keessatti
hubannaa sii kennaatii.
**8**Yesuus Kiristoos isa warra
du'an keessaa kaafame, isa sanyii
Daawiti irraa dhalate yaadadhu[m];
kunis wangeela kiyya **9**kan ani
isaaf jedhee akka nama yakka
hojjate tokkootti hanga sansalataan[n]
hidhamuutti rakkachaafii jiruu
dha; dubbiini Waaqayyoo garuu
hin hidhamu. **10**Kanaaf warri
filataman sun akka fayyinna
Kiristoos Yesuus keessa jiru
ulfinna barabaraa waliin arga-
taniif ani isaaniif jedhee waan
hundumaa nan obsa.

[e]14 ykn *ayyaana woyyuu*; [f]15 ykn *mormatan*; [g]18 ykn *akka dansaa.* [h]2 ykn *dhugeessitoota/rageessitoota;* [i]4 ykn *hojjatu;* [j]4 ykn *dhibiin;* [k]5 ykn *ruufa;* [l]6 ykn *gumaa;* [m]8 ykn *qaabadhu;* [n]9 ykn *fooncaan/haada sibiilaatiin/sinsilaataan*

11Dubbichi amanamaa dha;
innis akkana jedha:
nu yoo isa waliin duune,
isa waliin ni jiraanna;

12 Nu Yoo obsine,
isa waliin ni moona;
yoo nu isa ganne[o],
innis nu gana.
13Nu yoo amanamoo ta'uu baanne,
inni amanamaa ta'ee jiraata;
inni uf ganuu hin danda'uutii.

**Hojjataa Jaalatamaa**

14Waan kana isaan qaabachiisi;
waayee jechootaatiinis akka wal-
hin lolleef fuula Waaqayyoo
duratti isaan akeekkachiisi[p];
wanni akkasii warra- dhageeffa-
tan[q] ni miidha malee waa tokkol-
lee hin fayyaduutii. 15Atis dubbii
dhugaa sana sirriitti[r] qabachuud-
haan hojjataa qoratamee fud-
hatame kan waan isa qaanessu
hin qabne ta'iitii fuula Waaqaa
duratti uf dhiyeessuuf tattaafadhu.
16Haasaa Waaqni hin jaalanne
irraa fagaadhu; haasaan akkasii
ittuma caalchisee nama Waaqa
ta'uu irraa nama fageessaatii.
17Barsiifni isaaniis akka
dhukkuba gaangiriinii[s] babald-
hachaa deema; Hemenewoosii fi
Fiileexoosis isaani keessatti argamu.
18Isaanis, "du'aa ka'iisni kanaan
dura ta'eera" jechuudhaan
dhugaa irraa fagaataniiru; amantii[t]
namoota tokko tokkoos ballees-
saniiru. 19Garuu hundeen[u] ci-
maani Waaqni kaaye sun chaap-
paa, "Gooftaan warra kan isaa
ta'an, ni beeka," akkanumas
"namni maqaa Gooftaa waam-
matu cufti hammeenna irraa haa
deebi'uu" jedhuun mallatteef-
famee[v] ni dhaabata.
20Mana guddaa tokko keessa
mi'a warqiitii fi meetii qofa otoo
hin ta'in, mi'i mukaatii fi suphees[w]
jira; kana keessaas tokko tokko
tajaajila ulfinnaatiif, kaan immoo
tajaajila salphinnaatiif oola.
21Namni kamiyyuu yoo salphinna
kana irraa uf -qulqulleesse, inni
mi'a tajaajila ulfinnaa kan
qulqulleeffame, Gooftaa mana
sanaa kan tajaajiluu fi kan hujii
gaarii kamiyyuu hojjachuuf
qopheeffame ta'a.
22Atis hawwii hamaa yeroo
dargaggummaa irraa baqadhu;
warra garaa-qulqulluun Gooftaa
waammatan wajjiin qajeelinna,
amantii, jaalalaa fi nagayyatti
jabaadhu. 23Falmii faayidaa hin
qabnee fi gowwummaa keessa
hin seenin; kun akka lola fidu
atuu ni beettaatii.
24Garbichi Gooftaa nama nama
hundumaaf garaa laafu, kan bar-
siisu danda'uu fi obsa-qabeessa
ta'uu qaba malee kan namaan

[o]12 ykn *mormanne;* [p]14 ykn *seeri;* [q]14 ykn *caqasan;* [r]15 ykn *akka dansaa;* [s]17 ykn madaa hin fayyine*;* [t]18 ykn *dhugeeffachaa;* [u]19 ykn *yayyabii;* [v]19 ykn *akeessifamee;* [w]20 ykn *faaraalleen*

wal-lolu ta'uu hin qabu. [25]Innis akka Waaqayyo cubbuu irraa deebii gara dhugaa beekuutti isaan geessu isaanii kennu abdachaa warra isaani morman gara-laafinnaan sirreessuu qaba. [26]Kanas akka isaan gara qalbii isaaniitti deebi'aniifi kiyyoo Daabiloosi kan akka isaan fedhii isaa guutaniif isaan booji'e sana jalaa ba'aniif godha.

### Waan Guyyoota Dhumaa keessa ta'u

**3** Garuu guyyoota dhumaa keessaa akka yerooni rakkinnaa tokko dhufu hubadhu. [2]Namoonni uf-jaalattoota, jaalattoota maallaqaa,[x] uf-tuultota, uf-jajjoota, warra nama arrabsan,warra abbaa isaaniitii fi haadha isaaniitiif hin ajajmne, warra hin galateeffanne, warra qulqullummaa hin qabne, [3]Warra jaalala hin qabne, warra dhiifama[y] hin goone, warra maqaa namaa balleessan, warra uf-hin qabne, gara-jabeeyyii, warra waan gaarii hin jaalanne, [4]gantoota,[z] warra akka malee jarjaran, warra uf-tuulummaadhaan uf bokossan, warra Waaqa jaalachuu irra waan isaan gammachiisu jaalatan ni ta'u. [5]Isaani nama Waaqayyoo ni fakkaatu; garuu humna isaa ni ganu; ati warra akkasii irraa fagaadhu.

[6]Isaan keessaas namoonni mana adda addaa irra jooranii dubartoota[a] dadhaboo warra cubbuuni isaani irra tuulamee fi warra hawwii gosa maraatiin asii fi achi raafaman booji'an tokko tokko jiruutii. [7]Dubartoonni kunneen yeroo mara ni baratu; garuu matumaa[b] dhugaa beekuutti dhufuu hin danda'ani. [8]Akkuma Iyyaaneesii fi Iyyaambirees Muuseen morman sana namoonni yaanni isaanii badee amantiin[c] isaanii gatame kunneenis dhugaadhaan ni mormu. [9]Ta'us gowwummaan namoota kanneenii waan akkuma jara lamaan sanaa nama cufa biratti ifatti bawuuf isaan eessayyuu hin ga'ani.

### Qajeelfama Phaawuloos Ximootewoosiif Kenne

[10]Ati garuu barsiisa kiyya, amala kiyya, kaayyoo jireenna kiyyaa, amantii kiyya, obsa kiyya, jaalala kiyya, jabaadhee dhaabachuu kiyya hundumaa ni beetta; [11]gaargalfamuu[d] kiyya, rakkinna kiyyaa fi waan Anxookiyyaatti, Iqooniyuumii fi Lisxiraatti na irra ga'ye, gaargala garaa garaa kan ani obsaan keessa dabres ni beetta; Gooftaan garuu waan kana mara jalaa na

[x]2 ykn *beessee;* [y]3 ykn *haraara;* [z]4 ykn *mormattoota;* [a]6 ykn *nadheeni;* [b]7 ykn *akkanallee jedhanii;* [c]8 ykn *dhugeefachaani;* [d]11 ykn *ariyatamuu/baqachuu*

baase. [12]Dhugumaanuu namni karaa Kiristoos Yesuusiitiin nama Waaqaa ta'ee jiraachuu barbaadu kamiyyuu ni gaargalfama. [13]Namoonni hamoonii fi gowwoomsitoonni garuu nama gowwoomsaa, ufiillee gowwoomfamaa hammeennaan ittuma caalaa deemu. [14]Ati garuu waan barattee fi waan hubatte sanatti jabaadhu; eennu irraa akka baratte beettaatii. [15]Akkanumas ati daa'imummaa kee irraa jalqabdee katabbiiwwan qulqulluu kanneen waay'ee fayyinna karaa Kiristoos Yesuusiitti amanuutiin argamu sanaa si barsiisuu danda'an akkamitti akka baratte ni beetta. [16]Kitaabonni Qulqulluuni cufti Hafuura afaan Waaqaatii bay'een kennaman; Isaanis barsiisuuf, akeekkachiisuu[e], sirreessuufi[f] qajeelummaan leenjisuuf ni fayyadu. [17]Kunis akka namni Waaqaa hujii gaarii hundumaaf guutummaatti hidhatee qophaawuufi.

4 Ani fuula Waaqayyoo duratti, fuula Kiristoos Yesuusi isa warra jiraatanii fi warra du'anitti muruuf jiruu durattis muldhachuu isaatii fi mootummaa isaatiin sin gorsa. [2]Dubbicha lallabi; yeroo mijaawaattis ta'u yookiin yeroo hin mijoofnetti qophaa'i; obsa guddaan barsiisuun nama sirreessi; akeekkachiisi; gorsillee. [3]Yeroon itti namoonni barsiisa dhugaa dhagawuu hin barbaanne ni dhufaatii; qooda kanaa waan gurri isaanii dhagawuu fedhu waan barbaadaniif akkuma hawwii isaaniitti barsiistota baay'ee ufii isaaniitiif walitti qabatu. [4]Gurra isaaniis dhugaa dhagawuu irraa garagalchanii gara oduu dharaatti deebisu. [5]Ati garuu waan mara keessatti ilaallachaa deemi; rakkinna obsi; hujii tajaajilaan[g] wangeelaa tokko hojjatu raawwadhu[h]; tajaajila keellee fiixaan baasi[i].

[6]Ani ammumayyuu akka dhibaayuutti dhangalaafamuuf jira; yeroon deemsa kiyyaalleen gayeera. [7]Ani lola gaarii loleera; fiigicha xummureera[j]; amantiis[k] eegeera. [8]Ammaan achi gonfoon[l] qajeelinnaa naa qopheeffameera; gonfoo kanas abbaa murtii qajeelaa, Gooftichattu guyyaa sana naa kenna; kanas warra muldhachuu isaa hawwiin eegan cufaaf kenna malee ana qofaaf hin kennu.

### Yaadachiisa Phaawuloos Kenne

[9]Ati hanga sii danda'ametti daftee gara kiyya dhufuuf tattaafadhu; [10]Deemaas waan biyya lafaa kana jaalateef na dhiisee

[e]16 ykn *seeruuf;* [f]16 ykn *qajeelchuuf;* [g]5 ykn *hojjataani;* [h]5 ykn *guutadhu;* [i]5 ykn *fulaan gayi;* [j]7 ykn *ya fixadhe;* [k]7 ykn *dhugeeffachaallee;* [l]8 ykn *ruufti*

gara Tasaloonqee deemeeraatii; Qeerqis gara Galaatiyaa, Tiitooni immoo gara Dalmaaxiyaa deemaniiru. 11 Luqaas qofattu na waliin jira. Maarqoos waan tajaajila kiyya keessatti baay'ee na gargaaruuf isa uf - faana fidiitii koottu. 12 Ani Tikiiqoosin Efesooniitti ergeera. 13 Ati yommuu dhuftutti waaroo ani Xiro'aadaatti Kaarphoos biratti dhiisee fi kitaabota keessumattuu kitaabota gogaa duugamaa sana naa fidi.

14 Iskindiroos tumtichi akka malee na miidhe; Gooftaani akka hujii isaatti gatii isaa ni deebisaafi. 15 Namichi kun waan ergaa keennaan mormeef atis isa irraa uf -eegachuu qabda.

16 Yeroo ani Falmata kiyya kan jalqabaa dhiyeeffadhetti namni tokkoyyuu na hin gargaarre; hundi isaaniiyyuu na dhiisanii deeman; anis akka wanni kun isaanitti hin lakkaa'amneef[m] Waaqa nan kadhadha. 17 Garuu akka wangeelli karaa kootiin guutummaatti lallabamuu fi akka namoonni ormaa martii wangeela dhagayaniif Gooftaani na bira dhaabatee na jajjabeesse; afaan leencaa jalaas nan baye. 18 Gooftaani waan hamaa cufa jalaa na baasa; mootummaa isaa kan samii irraattis nagawumaan na galcha; baraa hanga barabaraatti ulfinni isaaf haa ta'u; aamiin.

### Dhaamsa Nagayaa Isa Dhumaa

19 Phirisqillaa fi Aqiilaatti, warra mana Henesiifooruu jiraatanittis nagaya naa himi. 20 Erisxoos Qorontoositti hafe; Xiroofiimoos immoo dhukkubsannaan[n] ani Miliixiinitti isa dhiise. 21 Ati hanga sii danda'ametti otoo ganni hin seenin asi dhufuuf tattaafadhu; Ewubuloos nagaya sii dhaama; Phuudeenis, Liinos, Qilaawudiyaa fi obboleeyyan hundinuu akkasuma nagaya sii dhaamu.

22 Gooftaani hafuura kee wajjiin haa ta'u; ayyaanni si wajjiin haa ta'u.

[m] 16 ykn *hin hedamneef;* [n] 20 ykn *fayyaa dhabnaan*